qaanqee@hotmail.com

Lakk. 15 Adoolessa, bara 2003

Hoggana Heera Buqqise, buqqisaa!
Sooressa Seera buuse, buusaa!
Aangoo Kora Sabaa Bakka-tti Deebisaa!
Iyyaa iyya Dabarsaa!
Sagalee tokkoon Seera bu'e baasaa!

Maqaa Sirna Gadaa tiin Kakataa, Kaayoo fi Makkaal'oo isaa Fonqolchuun Yakka hiriyaa hin qabne!

Sabni Oromoo sirna dimokraatawaa taye, sirna Gadaa tiin, bulaa ture jedhaa, maqaa kanaan irbuu seenaa, warri faallaa sirna Gadaa hojjatan tokkoo-lamaa miti. Hedduun isaanii wallaalan, xiqqoon isaanii beekkaan kaayoo hundee ti fi makkaal'oo sirna Gadaa diigaa jiran.Kan wallaalaan miiloo kaayoo sirna Gadaa buqqisuuf tumse barsiisee sirreessuuf, kan beekkaan kateebuu Kora Sabaa/Gumii Sabaa buqqise erbee kijibaa irraa quuncisuuf Qaanqeen Bosonaa Hundee Kaayoo fi Makkaal'oo Sirna Gadaa (Gada principles& visions) xiinxalla. Dura dursee, garuu, akka sirna Gadaa tiin walbira qabnee madaaluu dandeennu rim-yaada dimokraasii jedhu gabaabsinee babbayisina.

Barreessamni kun gaafiilee: - Dimokraasii jechuun maal jechuu? - Dimokraasiin essatti jalqabe? - sirni Gadaa-lee Shanan Oromoo, sirna dimokraatawaa hiriyaa hinqabne yoo jennu maal jechuu keenna? - Namootaa fi murnoota maqaa sirna Gadaatiin kakataa hujii faallaa sirna kanaa irraatti bobba'an ummanni Oromoo akkam godhuu qaba? jedhan akeekkata.

Jechi dimokraasii jedhu jechoota warra Giriikii lama waldayeessuun (compounding) uumame. Isaanis "demos" ummata, "krasia" bulchiinsa kan jedhan. Kanaafuu, hiikkaan dimokraasii gabaabamatti bulchiinsaa fi taligaa ummataa jechuudha. Haa tawu malee, yaada dimokraasii jedhu gadi-fageennaan hubachuuf "ummata kam?" gaafii jedhu sammuu qaraan deebisuun murteesaa dha. Gabroomfattootaa fi daga-baaftonni "ummata" kan jedhaniin gita roorriftuu fi cunqursituudhaani. Fakkeennaaf biyya dimokraasiin itti dhalatee dagaage jedhamu, biyya Giriikii, keessatti kan sirna kana irraa bu'aa guddaa argate gita dureessaa tii fi murna abbaa-gabraa ture. Dimokraasii Giriikotaa jalatti mirgi shamarraniiti fi gabraa hin kabajamu ture. Karaa biraatiin dubartii fi gitni gabraa akka meeshaa manaati fi mi'a gurguraatti lakkaawamaa ture.

Walumaa galatti sirni dimokraasii Giriikotaa ummata Giriikii hiyyeessaa fi dureessatti, gabroomfataaa fi gabratti, beekaa fi wallaalatti addaan qoode.

Jaarraa amma keessa jirru kana keessatti-llee sirnootiin dimoqraaxawoo dha jedhamanii jajaman kanneen akka warra dimokraasii Awuroophaa Dhiyaa fi Ameerikaa Kaabaa mudaa fi fafa heddu of

keessaa qaban. Sirnoota kanneen keessatti kan qooda leencaa qabu gita diittaa ti. Keessattuu murni aangoo furtuu irratti filatamu murna qabeenna dilbii dhangalaasu.

Faallaa kanaa tiin, sirni Gadaa Oromoo sirnoota dimoqraaxawoo addunyaa keessaa tokko tawullee uumaa adda isa taasisu qaba. Akka seenaa dhaabbataan ragaa bawu-tti sirni Gadaa sirna gita dureessaa fi hiyyeessaa, roorriftuu fi roorrifamaa irratti hin ijaaramne. Akka sirnoota biroo, sirna Gadaa keessatti aangoon nama, murna, gita yookaan gosa tokkicha harka-tti hin tuulamu. Gaaddisa sirna Gadaa jalatti, aangoo fi murtiin muummee Gumii fi Kora Saba bal'aa Oromoo harka jira. Walumaa galatti sirni Gadaa, roorroo taligaa tii fi cunqursaa siyaasaa akkanumus saaminsa diinagdee hin habaru yookan hin hayyamu.

Sirni dimokraasii essatti jalqabe? Seenaa barreessitoonni Awuroophaa Dhiyaa "sirni dimokraasii Awuroopaatti biqilee, guddatee achi irraa raabsame" jedhu. Dimokraasiin akka badhaasaa handhuuraa Awuroophaa tayeetti dhiyeessu. Daga-bal'istootaa fi Gabroomfatoonni seenaa Habashaa barreessan-illeen, keessattuu leelliftoonni mootummaa Wayyaanee akka waan sirni dimokraasii Kaaba impaayera Toophiyaa-tti dhalatee achi irraa dagaagetti odeessan. Garuu, seenaan dimokraasii dhugaa akka ragutti, sirni dimokraasii biyya sirni gabroomfataa daadee itti baasee qarriffaa itti magarse kessatti hin biqilu; biqilus hin guddatu. Dimokraasiin hawaasa adduyaa keessatti yeroo gara garaatti mul'ataa ture; ardhas mul'ataa jira; hegeris akkanuma.

Sirni dimokraasii rakkoolee hawaasa addunyaa qunnaman hundeen furuuf tattaaffii ilmi namaa godhe keessaa isa hangafa. Jaarraa-lee dhufaatii sirna dimokraasii dursan keessatti fi sirnoota faallaa dimokraasii jalatti, hawaasa addunnaa jeequmsa heddutu qunname.

Namoonni, murnoonni, gitoonni fi saboonni tokko tokko ilaalcha cunqursitummaa tiin geggeeffamanii sirnoota ilmi namaa tokko nama biraa itti gabroomsu ijaaran. Kanaafuu, aangoon saba bal'aa, saba bal'aa harkaa bayee akka deebisee saba baldhaa hin cunqursine sirni dimokraasii tiiksee sabaa tayee ittisaa ture. Sirni 'ilaali-mee' Oromoo llee, carraaqqii ummanni Afrikaa ti fi hawaasni addunyaa goghe keessaa sooressa tawuu isaa seenaan mirga-dhala namaa ragaa baya.

Sirni Gadaa, rakkoo ummata Oromoo tiif furmaata Oromoo itti barbaaduuf, dhibdee Oromoo qoricha Oromoo tiin fayyisuuf tarkaanfii sabni Oromoo seenaa waggoota kuma shanii keessaatti fudhate keessaa olaanaa dha. Sirni Gadaa, gadaa lee shan keessatti dhalatee guddate. Sirna kana, sabni Oromoo dhaalmayaan hin dabarfannee yookaan ergisaan hin qadhaabanne. Kana jechuun, sirni Gadoota shananii gudeeda, gadaamessaa saba Oromoo ti fi sammuu hayyoota Oromoo keessaa argame.

Akkuma saboota biroo ummanni Oromoo llee sirnoota faallaa walqixxummaa, nyaapha dimokraatummaa ti fi mulqaa mirga dhalootaa fagotti of irraa hayyisaa ture. Sirna Gadaa keessatti Oromoon tokko Oromoo biraa cunqursuun, itti roorrisuun, dhiibuun, dharaan maqaa yakkuun akka hirmiitti yookaan akka caphanaa-tti lagatamaa ture. Gabaabamatti, aangoo fi murtiin saba bal'aa harkaa bayee akkaa namoota, murnootaa, gosoota hagoo fi gitoota abbaa irree harka seenee deebisee saba bal'aa hin mankuukne, Oromoon sirna Gadaa ijaarate.

Sirni kun jaarraa kudha jaha-ffaa keessatti sirna dimokraatayaa gita hin qabne tawullee, rakkoo jaarraa 21-ffaa ni hiika jechuun hin dandayamu. Kana jechuun garuu, kaayoo hundee ti fi makkaal'oo masaktuu qabiyyee sirna Gadaa akkuma jirutti darbinee gatna jechuu miti. Akka gaaritti gad-fageennaan xiixallanii yaada madaalawaa qabatuun barbaachisaa dha.

Gabroomfattoonni Toophiyaa ti fi kittillayyoonni isaanii ammoo kaayoo fi makkaal'oo sirna Gadaa ummaata Oromoo keessaa hundeen buqqisanii sirna cunqursituu fi roorristuu bakka buusuuf akka hojjatan beekamaa dha. Kan kana irraa hafan maqaa Oromoo gonfatanii seenaa sirna Gadaa dhaadhessaa, dalagaa dhaan garuu faallaa kayoo kanaa kan taye sina abbaa-irreen-jireessaa dagaagsuuf hojjataa jiran. Jechoota biraa tiin, hennaa ammaa tana sirna Gadaa ilaalchi dhuumfatu bakka sadih-itti qoodama:

Ilaalchi tokkoffaan, ilaalcha moonaa gabroomfattummaa Habashaa tii fi ayyaan-laallatummaa ti. Isaan kun, "sirni Gadaa dullacha yeroon bira dabre waan tayeef akkuma jirutti darbamee sirna biraa tiin bakka bu'uu qaba" jedhan. Ilaalchi lammaffaa, "sirna Gadaa akkuma jiruun fudhatnee hujii irraa oolchina" kan jedhu ilaalcha duudha-jabeessitummaa ti. Ilaalchi sadaffaa fi qajeelaan, "sirna Gadaa keessaa kaayoo masakaa tii fi makkaal'oo hundee fudhatnee , ogaa-malaa fi beekumsa barri fide itti daballee waaltaa sirna Gadaa bifa haarawaan deebifnee utubna" kan jedhu. Ilaalchi sadaffaa kun ilaalcha xaliilaa fi kan warraaqxota Oromoo yoo tawu, Qaanqeen Bosonaa llee ilaalcha kana tarkaanfachiisa.

Kanaafuu, Qaanqeen Bosonaa maxxansaa kana irraa jalqabee kaayoo fi qabiyyee sirna Gadaa walduraa boodaan dhiyeessa. Kun illeen, ilaalchaa fi dalagaalee murnoota farra-sirna Gadaa Oromoo tayan saaxil dhaaba jedhee amana. Hundumaa caalaa, garuu, namootaa fi murnoota maqaa Oromoo moggaafatanii maqaa Gadaa Oromoo tiin kakataa hujii faallaa isaa irratti bobba'an aggaammannoo keessa galfata, bareeffamni kun.

Kaayoo Hundee tii fi Makkaal'oo Masaktuu Sirna Gadaa:

1. Sirna Gadaa keessatti heeraa fi seerri nama maraa/hundaa oli.

Bulchiinsa sirna Gadaa keessatti, lammiin Oromoo hundumtuu: dhiiraa fi dubartiin, hogganaa fi hogganamaan heeraa fi seera sabaa jala-tti bula. Akka seenaa fi aadaan Oromoo mirkanessutti, sirna Gadaa keessatti namni seera gubbaa taa'u yookaan alaagabarri seeraan ala bulu hin jiru. Abbootii Gadaa ti fi abbootii bokkuu-tti, aangoo fi dirqamni seeraan muramee itti kennama; seeraan irraa fudhama. Hujiin isaan illee Koraa fi Gumii saba Oromoo marumaa ammatuun tooyatama. Akka seera Gadaa-tti, hogganni maqaa hayyuu adulaa tiin moggaafamu, gooftaa yookaan mootii seeraa gubbaa taa'ee ajajuu miti. Abbootiin Gadaa ti fii hayyuuleen adulaa waan ummanni Oromoo murteesse malee waan ofii barbaadan hin hojjatan. Akeeka dhoksaa hin qaban. Hogganoonni Gadaa yoo seera cabsan akkuma lammii kam iyyuu seeraan adabamu.Yoo yakki isaanii hammaataa taye Gumiin sabaa yookaan Korri sabaa danbiiwwan adabaa kan gulantaalee heddu qabaniin adaba.Hogganni tokko yoo alaagabara seeraan hin bulle taye, utuu gadaan isaa hin dhumin aangoo irraa buqqaafama. Abbootii Gadaa kanneen alaagabarummaa fi seer-maleessummaan saba Oromoo irratti yakka hojjatanii irree saba bal'aatiin

buqqaafaman seenaan heddu galmeessee jira. Hayyuun man-bal'a sabaa tiin filamee, amaanaa fi waadaa seene nyaate, adabni isaa aangoo irraa buqqisuu irraa kaasee hanga wixii itti muranii sabaan ala taasisuu gaya.

Aadaa Oromoo tii fi sirna Gadaa keessatti, seerri nama maraa/cufaa ol callaa odoo hin tayin, kabajamaa dha llee. Fakkeennaaf, namni lama yoo wal-magansee barcumaa seeraa dura dhiyaate, murtii abbaa barcumaa seeraa kabajuuf dirqama qama. Walaannaa yookaan masaanuu ofii abaaruun, irreen miidhuun, arrabsuun dhoorkaa dha.Gadaa Oromoo keessatti, olaantummaa seeraa (rule of law) kan mul'isu keessaa inni guddaan, Hayyuuleen Adulaa yookaan Abbootiin Gadaa Arbooraa (presidential council) yoo dirqama seeraan muramee itti kenname raawwatuu hanqatan, yoo seera cabsanii akka maleen aangoo irra of tursiisuuf saba miliqan, osoo gadaa isaanii hin fixatin aangoo irraa buqqafaman. Kana jechuun, akka sirna mootii-moota yookaan gooftolii Habashaa-tti, sirna Gadaa keessatti mootiin yookaan abbaan-irree kan seera gubbaa ta'u kan dhiigaa fi lafee lakkaawwatee aango dhaalu hin jiru.

Seerri Gadaa Oromoo kan tiiksuu fi irkisee gaachanu, kan humna qabu duwwaa utuu hin tayin, laafaa humna hin qabnelle. Fakkeennaaf, gaaddisa seera Gadaa jala-tti, dubartii deettee qanafaa gadi hin deeffatiin miidhuun dheekkamsa ganyaa Oromoo fida. Yakka akkasillee of irraa mormachuuf ganyaan Oromoo siinqee qabatee, lagatti bayee manatti galuu dida. Namticha yakka hojjates marsanii siinqee itti kabanii, deelalee itti dhiitanii sangaa irraa qalatan.

Seerri Gadaa Oromoo kan tiiksuu fi kan wabii dhaabatuuf ilma namaa qofaaf utuu hin tayin, horii manaa tii fi beeyladaallee tawuu isaa hubatuu qabna. Kanaafuu, Oromoon "muummeen seeraa seera saree ti" jedha. Nama dhiisii, saree ofii xiqqeessanii akka malee godhuun, beelessuun seeraan nama gaafachiisa.

2. Sirna Gadaa keessatti aangoon muramee, hennaa murtayeef qaama Kora Sabaa tiin filame-tti kennama.

Kana jechuun, akka kaayoo fi makkaal'oo sirna Gadaa-titti aangoon dhaalaa-dhaalteen, abbaa irraa gara finnaa yookaan ilmaa, gosa irraa gara gosaa hin darbu. Miseensonni Gadaa yookaan luboonni Gadaa shananii waggaa sadde-saddee tiin baallii wal irraa fuudhu/aangoo walii dabarsu. Hennaan filmaanni itti godhamuu fi dirreen teessuma Gumii Sabaa/ Kora Sabaa seeraan murtaaya. Jecha biraa tiin, aangoon cidhaan jalqaba, cidhaan xumurama. Dhumaalettii ganna saddeeti cidha baallii wal irraa fuudhuu jedhamutuu ayyaanfama. Maqaan cidha Gadaa, naannoo lee Oromiyaa adda addaa-tti maqaa gara garaa tiin waamama. Baya Oromiyaa-tti jaarraa, giddu-gala Oromiyaa-tti Baraartii, Dhiyaa Oromiyaa-tti Buttaa, Kibbaa Oromiyaa-tti Baallii jedhama. Kana irraa kan hubatuu dandeennu, sirna Gadaa keessatti seera maleen aangoo yaabuun akkuma dhorgaa taye seera maleen aangoo irra turu illeen dhoorgamaa dha.

Faallaa sirna Gadaa tiin sirnootaa mootii-moototaa fi abbootii irree keessatti, mootiin tokko yookaan irreen-buleeyyiin jireenna isaanii guutuu aangoo irra taa'anii saba bal'aa irratti fincaawu. Kan fedhaa fi filmaata sabaa malee aangoo yaabe, yoo dirqame malee aangoo ciniine gadi hin dhiisu. Erga boolla seene illee itti rarra'a. Fakkeennaaf, biyyoota Afrikaa tokko tokko keessatti diktaataroonni akka Idiyaamin, Mangistuu, Mallas Zenaawii, k.k.f. humnaan aangoo sarbanii yakka hiriyaa hin qabnee

hojjatan. Aangoof jecha sanyii dhala namaa lafa irraa xuruuran. Kanneen saba bal'aa bilisa baafna jedhan illeen maqaa saba bal'aatiin kakataa, dhiiga ummata bal'aatiin yoo takoo taphatan arguun baasaa miti.

Haalli fokkataan akkasii hennaa ammaa qabsoo bilisummaa Oromoo sakaalee qabuu isaa Qaanqeen Bosonaa qabsaa'otaa fi ummata Oromoo tiif ragaa qabatamaan erga saaxiluu jalqabee waggootiin lakkaawamaa jiran. Ardhallee yoo ta'e rakkoon kun hidda jabeeffataa deemee ummata Oromoo haddhaa injifatamummaa dhandhamsiisee jira.Osoo kan nyaaphaa haddhaawaa nama raaju, namootaa fi murnoonni maqaa Oromoo tiin socho'an tokko tokko maqaa sirna Gadaa tiin kakataa hujii dhaan garuu faallaa kaayoo kanaa irratti bobba'uun isaanii olee bulee jira. Fakkeennaaf, dhaaba ummanni Oromoo walabummaa na goonfachiisa jedhee dhiigaa fi lafee isaa itti gabbaru, ABO, keessatti hogganni alaagabarri bicuun/ xiqqoon aangoo saba bal'aa haqanqaaltee, seer-maleessummaan aangoo yaabdee, aangoo irra taa'aa jirti. Heeraa fi seera ABO kan Kora Sabaa tiin tumamee, ragga'e fonqolchitee, miseensaa fi ummata bal'aa jalaa dhokattee, akka-feetummaan waan barbaaddee hojjatti.

Hogganni tun, sababiilee gara garaa uumuu dhaan teessuma Kora Sabaa erga hambiftee baroonni dhufaa darbaa jiran. Waan raajii fi baasaa, hayyu-duree fi tuutti maqaa Shanee Gumii ABO-tiin of waamtu, filmaataa fi murtii Kora Sabaa tiin alatti seeraa fi heera fonqolchitee, maa'elaa fi lukkeelee dhaaba keessatti ijaarattee, qabsoo bilisummaa Oromoo dhaamsaa jirti. Yoggaa tokko tokko, "haalli addunyaa jijjiiramee jira" jechaa, yooggaa biraa "hogganni dulloomee jira (akka waan ummaanni Oromoo masheenee!!) kanaafuu, qabsoo hidhatnoo itti fufuun hin dandayamu" jechaa imaammata farristummaa yookaan jilbiifatummaa baafti. Qabsoo bilisummaa Oromoo tiif godhamu gara dorgommii aangootitti jijjiiruun fojilosoo deebifte. Miseensa maa'ela-tti hirtee, ABO koche-tti cirtee, ummata Oromoo gandaan jajiitee, WBO bosana-tti walwaraansifte! Dhuma irratti, haala qabsoon bilisummaa Oromiyaa itti dhaamtu aanjessuu inumaa hujii dhaabbataa godhatte.

Kanaafuu, dalagaa farra-kaayoo fi makkaal'oo sirna Gadaa Oromoo taye kana kuffisuun qabsaa'otaa fi sabni bal'aan bakka jirutti itti dammaqee akka tarkaanfii qabsoo dandamachiiftuu fi fayyiftuu fudhatu Qaanqeen Bosonaa irraa deddeebi'e dhaamsa dabarsa.

Qabsoo walabummaa Oromiyaa kufaatii biraa irraa oolchuuf, namootaa fi murnoota maqaa sirna Gadaa dhaadhessaa, faallaa isaa hojjataa jiran saaxilaa!

Iyyaa iyya dabarsaa!
Kan rafe dammaksaa!
Kan hindhagayin dhageessisaa!
Maa'ela seera buqqise buqqisaa!
Kan heera buuse buusaa!
Seera bu'e baasaa!
Aangoo Kora Sabaa/ Gumii Sabaa bakkatti deebisaa
Qabsoo walabummaa Oromiyaa finiinsaa!!
Itti fufa...

Qaanqee Bosonaa